


AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI

KITAABA BARATTOOTAA

KUTAA 7^{FFAA}



Kitaaba Barattootaa Kutaa 7^{FFAA}



Ofeeggannoo Kitaabichaaf Godhamuu Qabu. Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keeti. Qabeenyi mana barumsaa kee ammoo kan keeti. Qabeenyi kun akka hinbanne ykn hinmiidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafuu, qajeelfamoota armaan gadii sirriitti hojiirra oolchi!

1. Kitaabicha waraqaa, laastikaafi kkf golgi!
2. Kitaabicha yeroo hunda bakka jiidha hinqabneefi qulqullina qabu kaa'i!
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu!
4. Qolas ta'e keessa kitaabichaatti hinbarreessin!
5. Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa yookaan kaardii qulqullina qabuutti fayyadami malee hindachaasin!
6. Fuula kitaabichaa tarsiisuun yookaan fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha!
7. Fuulli tarsi'ellee yoo jiraate suphi!
8. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baaftu, akka hintarsaane of eeggadhu!
9. Kitaaba kana yeroo dubbistu minjaalarra kaa'ii dubbisi!

AFAAN OROMOO
(AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI)
KITAABA BARATTOOTAA
KUTAA 7^{FFAA}

MADAQSUUN KAN QOPHEESSAN

HAYILUU LAMMEESSAA (MA)

YEWUUBDAAR AYYAALEW (MA)

GULAALAA

TAFARII KUMSAA (PhD)

GIRAAFIKSII

TSAGGAASILLAASEE MIIDHAKSAA

FAKKIBSAA

DASSAALENY TASFAAYEE

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, 2015/2023



© **Biiraa Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, 2015/2023**

Kitaabni kun walta'iinsa Biiraa Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi Yuunivarsiitii Barnootaa Kotobeetiin bara 2015/2023 qophaa'e. Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Eeeyyama Biiraa Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin ala guutummaanis ta'e gartokkeen maxxansiisuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BAAFATA

QABIYYEE

FUULA

BOQONNAA TOKKO: SEENAA DHUUNFAA.....	1
BOQONNAA LAMA: NYAATAAFI DHUGAATII QOPHEESSUU..	14
BOQONNAA SADII: GOOTUMMAA DUBARTOOTAA.....	27
BOQONNAA AFUR: NAANNOO KOO	43
BOQONNAA SHAN: GADAA.....	55
BOQONNAA JAHA: DURDURII	65
BOQONNA TORBAN: FALMII	83
BOQONNAA SADDEET: MOBAAYILA	94
JECHIBSOO	106

BOQONNAA TOKKO

SEENAA DHUUNFAA

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gaaffilee asiin gadiitti dhiyaatan afaaniin deebisi!

1. Seenaa dhuunfaa nama biroo dhageessee beektaa?
2. Seenaa dhuunfaa nama kan biroo kanaan dura dhageessee beektu hiriya keetti himi!

Gilgaala 2: Waliin dubbii Ujuluufi Walaansaagidduutti taasifamu dhaggeeffachaa iddoo duwwaa himoota asii gadii guuti!

1. Ujuluun Magaalaa _____ irraa dhufe.
2. Walaansaafi Ujuluun magaalaa _____ tti wal argan.
3. Ujuluufi Walaansaan _____ isaanii waliin jiraatu.
4. Ujuluufi Walaansaan kutaa _____ baratu.

Gilgaala 3: Odeeffannoo waa'ee kee ibsu qabxii gaditti erga guuttee booda hiriya keetti afaaniin himi!

Maqaan koo _____ jedhama.

Umriin koo waggaa _____.

Kutaa _____ baradha.

Haati koo _____ jedhamti.

Abbaan koo _____ jedhama.

Obbolaawwan dhiira _____ fi dubaraa _____ n qaba.

Ani maatii kootiif mucaa _____.

Maatiin koo hojii _____ hojjatu.

Miseensa maatii koo keessaa _____ n caalaatti dinqisiifadha. Sababni isaa, _____.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4: Dubbisa asii gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffiilee siif dhiyaatan kanniin afaaniin deebisi.

1. Hiriya kee waliin maalfaa taphachaa gara mana barnootaa deemtu?
2. Hiriya qabaachuun maal nama fayyada?

3. Hiikni jechoota asii gadii maali?

a) hiriya _____

b) kolfuu _____

c) funyoo _____

Gilgaala 5: Dubbisa gaditti dhiyaate dubbisaa gaaffilee itti aanan barreeffamaan deebisi!

1. Hiriyoonna waliin mana barnootaa deema turan kun meeqa?

2. Seenessaan taphoota yeroo mara taphatan keessaa kam baay'ee jaalata?

3. Tapha saddeeqaa taphachuuf yeroo deeman iddoo qabachuuf maaliif walsaamu?

4. Seenessa kana keessatti kanneen waliin taphatan kunneen kutaa meeqa baratu?



Waa'ee Koo

Hiriyoota koo mana barnootaa wajjiin deema turre yoomiyyuu **hindagadhu**. Kutaa tokkoo **kaafnee** waliin gara mana barnootaa deema turre. Manni koo hiriyoota koo hundarraa dhumarra waan jiruuf, ijoollee wajjiin mana barnootaa deemnu hunda **qixa** mana isaanii yommuun gahu sagalee koo ol kaaseen maqaa isaanii waama.

Caaltuu, Margee, Gurmuu, Yaadanii jedhee yommuun waamu, isaan immoo “Garasuu, dhufe... dhufe” jechuun natti deebisu. Yommuu hundi keenya baanee gara mana barnootaa deemsa jalqabnu, gaaffii adda addaa walgaafanna; hojii manaa hojjechuu keenya **walto'anna**. Yommuu hojii manaa hojjannu, gaaffii nutti ulfaate walgaafanna. Yommuu mari'achaa deemnu yoosuu deebii arganna. Kanaafuu, gammadaa gara mana barnootaa deemna.

Taphoota yommuu mana barnootaa deemnuufi deebinu taphannuu hedduu isaanii nan yaadadha. Kanneen keessaa kanan baay'ee jaaladhu, kubbaa fageessanii darbuudha. Namni kubbaa fageessee darbate, hamma kubbaa darbatame sanaa baatama/ti. Yeroo baay'ee ani Gurmuu caalaa waanan kubbaa darbadhuuf nan baatama ture. Caaltuu, Margeefi Yaadaniin immoo, isa waan **jajjabeessaniif** yommuu isaan wacan ani baay'een gammada. Darbee darbee Caaltuu, Margeefi Yaadaniinis kubbaa darbatu. Yeroo baay'ee kan fageessitee darbitu Yaadanii turte.

Taphni biroon ani baay'ee itti gammadu, tapha saddeeqaati. Muka guddaa fuullee mana keenyatti argamu bira yommuu geenyu hundi keenya fiignee iddoo qabanna. Boolli saddeeqaa muka jaltatti iddoo lamatti qotamee waan jiruuf, namoota lama lamatu taphata. Kanaafuu, namni tokko abbaa seeraa ta'ee dabaree eeggatee taphata. Tapha kanaan Margee mo'achuuf yaalii hedduu goona; garuu, ishee moo'achuun baay'ee cima ture. Darbee darbee, Caaltuun ishee **mo'achuu** dandeessi; garuu, guyyoota hedduu keessaa guyyaa tokko yoo mo'atte, "Saddeeqaan Margeen mo'adheem" jettee nama hundatti himaa deemti ture. Gurmumun immoo, ana mo'achuutu isa gammachiisa.

Yeroo baay'ee na mo'ata. Garuu, ani tole jedhee isa wajjiin hintaphadhu. Yommuu na mo'atee natti kolfu nan aaran ture. Kolfi isaa deebi'ee waan na kofalchiisuuf aariin koo baay'ee narra hinturu.

Haada utaaluun dubartoonni sadanuu baay'ee waan nu caalaniif, Haada isaanii jalaa fudhachuun gara qa'eetti fiigna. Akkuma qa'ee geenyeen, hundi keenya ganama akka dafnee qophoofnu walitti himnee nagaa walitti dhaamuun gara mana mana keenyaa galla ture. Amma hundi keenya kutaa torba barachaa jirra. Kanaafuu, yoomiyyuu hiriyyoota kiyya hinirraanfadhu.

Gilgaala 6

A. Dubbisa olii irratti hundaa’uun hima yaadni isaa sirrii ta’e, “Dhugaa” kan sirrii hintaane immoo “Soba” jechuun deebisi!

1. Caaltuu, Margee, Gurmuu, Yaadaniifi Garasuun hiriyyoota.
2. Ijoolleen seenaan isaanii himame kun kutaa 8 barachaa jiru.
3. Saddeeqa muka guddaa mooraa mana barnootaa keessa jiru jalatti taphatu.
4. Kubbaa darbachuudhaan dubartoota keessaa kan yeroo baay’ee mo’attu Margeedha.
5. Ijoollee mana barnootaa waliin deeman keessaa Gurmuun yommuu mo’amu ni’aara.

B. Dubbisa asii oliirratti hundaa’uun gaaffilee asii gadiif qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi!

1. Maqaan seenessaa eenyu?
A. Margee B. Caaltuu C. Garasuu D. Gurmuu
2. Namni kubbaa fageessee darbe _____.
A. nibaatamaa B. nidhungatamaa
C. ni’ariyamaa D. nikabalama
3. Saddeeqa taphachuun kan yeroo baay’ee mo’attu eenyu?
A. Margee B. Yaadani C. Caaltuu D. Garasuu

4. Kanneen armaan gadii keessaa kan hiriyoonna seenaan isaanii himame hinraawwanne isa kami?
 - A. Gaaffii hojii manaarratti nimar'atu.
 - B. Funyoo utaaalu.
 - C. Kubbaa darbachuu taphatu
 - D. Kubbaa miilaa taphatu.
5. Saddeeqa taphachuu ilaalchisee kan sirrii hintaane isa kami?
 - A. Caaltuun yeroo hunda Margee mo'atti.
 - B. Gurmuun yeroo hunda Garasuu mo'ata.
 - C. Margeen hunda isaanii yeroo baay'ee mo'atti
 - D. Margeen yeroo hundumaa hunda isaanii mo'atti.

C. Jechoota roga “A” jala jiraniif hiikaa fakkaattii isaanii roga “B” jalaa barbadaun walitti firoomsi!

<u>A</u>	<u>B</u>
1. hindagadhu	a. sirrii
2. qixa	b. hinirraanfadhu
3. jajjabeessuu	c. walhordofuu
4. mo'achuu	d. injifachuu
5. walto'achuu	e. deeggaruu
6. kaafnee	f. jalqabnee

Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 7: Keeyyata gaditti dhiyaate dubbisi. Atis mudannoo kee keessaa kan yaadattu tokko keeyyata tokkoon barreessuun dareef dubbisi!

Waanaan guyyaa tokko ta'e yoomiyyuu hinirranfadhu. Haati koo deemee akkan namticha ollaa keenyaa tokkotti kennuuf qarshii 200 natti kennite. Akuman qe'ee keenyaa baheen, ijoollee kubbaa taphatan argeen itti gore. Ijoolleen immoo, gammachuun na simatanii taphachuu itti fufne. Taphachaa turee yommuu ijoolleen hundi gara mana isaanii galan, ani immoo ergaan ergame yaadadhee yommuun harka koo kiisa kaa'u, qarshiin natti kenname hinjiru. Sana booda, gara manaatti galuu sodaadheen ijoollee ollaa keenyaa wajjin gale.

Egan xiqqoo taa'ee booda, iddoon dhokadhu ilaaleen gumbii midhaan keessaa dhume tokko argeen dafee osoo namni na hinargiin keessa lixee taa'e. Yommuu ijoolleen hundi galan haatiifi abbaan koo mana hundarra deemanii na gaafatan. "Amma as ture; eessa dhaqee mucaan?" jedhanii na barbaadan. Xiqqoo turee yoo haati koo boossuufi namoonni ishee sossoban dhagahe. Halkan walakkaa booda, mugee yommuun kurruufu dhagahanii gumbii keessatti na argan. Manattis nagalchan. Haati koo natti maramtee na dhungattee, "Maal taate?" naan jette. Gaaffii tokko otoon hindeebisiin kan biraa nagaafatte. Guyyaa aja'ibaa!

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Hiika jechoonni himoota keessatti gurraacheffamanii barreeffaman filadhu!

Fakkeenya

- Gurbaan Obbo Dirribsaa **leenca**; waa tokkollee hinsodaatu.
 A. sodaataadha B. garaa isaa jaalata C. goota
- Haati manaa Dhugaasaa **kanniisa**. Hojii isheetti cimtuudha.
 A. Damma tolchiti B. Cimtuudha C. Boosettiidha
- Akkoon koo eebba **natti roobsite**.
 A. bishaan natti naqxe B. baay'ee na eebbiste
 C. bishaan natti facaafte

1. Baaccuun mucaan ishee biraa deemnaan guyyaan **halkan itti ta'e**.
A. itti bitaacha'e B. itti ifuu dide C. hirribni qabe
2. Aadde Hawwiin mucaan ishee gaafa duulaa galu gammachuun **machoofte**.
A. daadhii dugde B. baay'ee gammadde C. baay'ee gaddite
3. Hogganaan mana barnootaa keenyaa **fuula ifaa** natti agarsiise.
A. haala gaariin na simate
B. na lole
C. na arabse.
4. Namtichi fardi jalaa bade aariin **boba'e**.
A. ibiddaan gubate
B. ibidda bobeesse
C. baay'ee gadde
5. Intalli colleen sun jechoota isheen **dhadhaa na obaaste**.
A. na arrabsite
B. na gammachiifte
C. dhadhaa na nyaachifte
6. Biqilaan **mataa na naannessee** deeme.
A. na raatessee
B. micciiree
C. haqaaqee

Barannoo 5: Caasluga**Gilgaala 9**

A. Himoota asii gadii keessatti jechoota gurraacheffaman maqaa dhuunfaafi waliinii ta'uu adda baasi!

1. **Waraabessi** harree nyaate.

Waraabessa __ Maqaa waliinii

2. Beekaan **Kamisa** mana barumsaa oole.

Kamisa __ Maqaa dhuunfaa

3. Ijoolleen **naacha** sodaatan.

naacha _____

4. **Jeedalli** ilmoo hoolaa nyaatte.

jeedala _____

5. **Adaadan** koo baay'ee na jaalatti.

Adaadaa _____

6. Manni keenya **balbala** lama qaba.

balbala _____

7. **Alii Birraa** sirba bareeda sirba.

Alii Birraa _____

8. **Itoophiyaan** biyya keenya.

Itoophiyaa _____

9. Abbaan koo **Keeniyaa** jiraata.

Keeniyaa _____

10. **Fulbaanni** ji'a bareedaadha.

Fuulbaana _____

B. Jechoota asii gaditti kennaman fayyadamuun hima ijaari!

a) **Amajjii** = Bara kana ji'a Amajjii keessa qorumsa semiisteera tokkoffaa fudhanne.

b) konkolaataa _____

c) aduu _____

d) gaangee _____

C. Fakkeenya kenname hordofuun, maqibsoota gurraacha'an maqibsii hangaa, bifaa yookaan lakkoofsaatti gargar baasi!

1. Boontuun mana **guddaa** ijaarte = hanga

2. Obboleessi koo ijoollee **shan** qaba = lakkoofsa

3. Kophee **gurraacha** bitadheen gale.

4. Sangaa **magaala** sana bituun barbaada.

5. Mee soogidda **xiqqoo** naa qici.

6. Ijoolleen **lama** mana barumsaa oolan

7. Intalli **qalloon** sun kaleessa as oolte.

D. Jechoota asii gadii fayyadamuun hima ijaari!

- a) furdaa = Tolaan akka nama furdaa suuta deema.
- b) gabaabaa _____.
- c) kudhan _____.
- d) adii _____.

Barannoo 6: Afoola

Gilgaala 10

A. Sheekkoo siif dubbifamu dhaggeeffachuun gaaffilee asii gadii deebisi!

- 1. Sangaan kan eenyuu ture?
- 2. Saani kan eenyu turte?
- 3. Qamaleen maaliif waamicha leencarraa hafte?
- 4. Deebiin qamaleen leencaaf kennite maal ture?

B. Sheekkoo siif dubbifame irra deebiin hiriya keetti himi!

C. Sheekkoo tokko maatii yookaan nama biroo gaafachuun hiriyoota keetti himi!

BOQONNAA LAMA NYAATAAFI DHUGAATII QOPHEESSUU



Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gaaffilee asii gadii afaniin deebisi!

1. Har'a ganama ciree maal nyaatte? Akka itti qopheeffamu beektaa?
2. Akkaataa ittoon itti qopha'u hiriya keetti himi!

**Gilgaala 2: Barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa meeshaalee manaa
maqaan isaanii dubbisicha keessatti tuqame jala sarari!**

waciitii	qabee	boojjitoo	elemtuu
okkotee	halbee	fallaana	qullubbii
distii	sunsuma		

Gilgaala 3

A. Gaaffilee asii gadii afaaniin deebisi!

1. Naannoo ati jiraattutti nyaanni baay'inaan nyaatamu maal jedhama?
2. Akkaataa nyaanni sun itti qophaa'u himi!
3. Akkaataa buna itti danfifamu ilaalchisee wixinee gadii irratti hundaa'uun hiriya keetti himi!

Jalqabarratti	Itti aansuun,	Sana booda,
Itti aansee	Dhumarratti,	

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4: Gaaffilee itti aananii jiran afaaniin deebisi!

1. Nyaanni guyyaa ayyaanaa naannoo ati jiraattutti nyaatamu maalfa'i?
2. Guyyoota ayyaanatti nyaata qopha'an keessaa tokko akkaataa itti qophaa'u himi!

Gilgaala 5: Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa barreeffamaan deebisi!

1. Namoonni nyaata addaa kan qopheessan yeroo akkamiiti?
2. Akkaataa ancooteen itti qopheeffamu barreessi!
3. Ancooteen ayyaana masqalarratti akka dhiyaatuuf sababa kan ta'e maali?

Ancootee



Namoonni yommuu ayyaana waggaafi yommuu sagantaan addaa jiru nyaata addaa qopheessu. Godiinalee Wallaggaa keessatti **akaakuu** nyaataa akka addaatti qophaa'an keessaa tokko ancooteedha. Ancooteen akka dinnichaatti yookaan mooseetti lafa keessaa **haadhamee** baha.

Ancootee irraa nyaata karaa lama qophessuu dandeenya. Inni jalqabaa, erga affeelamee booda, **mummuruun** qocqocaan nyaachuudha. Inni lammataa immoo, **dafaquun** dhadhaafi mi'eessituun walitti makaanii nyaachuudha. Ancooteen, waqtii Birraa sababa gahuuf ayyaana Masqalaarratti bal'inaan dhiyaata. Akkasumas, sagantaalee adda addaarratti **dhiyeessuun** nidnda'ama.

Gilgaala 6

A. Jechoota armaan gadiif hiika ta'uu kan danda'an dubbisa keessaa barbaaduun barreessi.

Fakkeenyaaf

baay'inaan = bal'inaan

1. qophii _____
2. soorata _____
3. bilcheessuu _____
4. tolchu _____
5. qotamee _____

B. Jechoota roga “A” jala jiran hiikaa walfakaattii isaanii “B” jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. akaakuwwan
2. mummuruun
3. dafaquun
4. dhiyeessuun

B

- a. gosoota
- b. qopheessuun
- c. kukkutuun
- d. lanqaxuu

Barannoo 3 Barreessuu

Gilgaala7: Fakkeenya gaditti kenname hordofuun adeemsa nyaanni aadaa naannoo keetti argamu irratti keeyyata barreessi!

Fakkeenya

Mata duree: Marqaa Qopheessuu

Hima ijoo: Marqaan adeemsa ittiin qophaa’u qaba.

Yaadota callaa

- daakuu qopheeffachuu;
- bishaan xuwweetti naquun ibiddarra kaa’uu;
- soogidda hanga barbaachisu itti naquu;
- daakuu hanga barbaachisu xuwweetti naquun bishaan waliin makuu;
- daakuufi bishaan wal simsiisaa itti dabalaa adeemuun marquu;
- hanga bilchaatutti marquu; erga bilchaate baasuun qodaatti deebisuu;
- dhumarratti marqaa qophaa’ee bahetti barbareefi dhadhaa baqsaa itti naquun nyaachuudha.

Marqaa

Marqaan adeemsa ittiin qophaa'u qaba. Jalqaba, daakuu garbuu yookaan qamadii qopheeffachuu barbaachisa. Itti aansuun, bishaan xuwwheetti naquun ibiddarra kaa'ama. Achumaan, soogidda hanga barbaachisutu itti naqama. Erga bishaanichi danfee booda, daakuu itti naquun boojjitoodhaan marqama. Daakuufi bishaan walsimsiisaa itti dabalaa adeemuun barbaachisaadha. Hanga bilchaatuttis nimooqama. Erga bilchaate booda, qodaa irratti baaafama. Dhumarratti, marqaa qophaa'ee bahetti barbareefi dhadhaa baqsaa itti qicuun xiqqoo qabbanoofnaan nyaatama.

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**Gilgaala 8**

A. Fakkeenya siif kenname hordofuun jechoota gabatee keessaa horsiisi!

Ani	Nuyi	Ati	Isin	Ishee	Inni	Isaan
dhufe	dhufne	dhufte	dhuftan	dhufte	dhufe	dhufan
rafe						
bare						
beeke						
haade						
hare						
bareede						
sodaate						
fiige						

B. Jechoota kennaman keessaa filachuun himoota asii gadii xumuuri!

qote qotan qotte qottan qonne

1. Boontuufi Raggaatuun lafa _____
2. Beekaan lafa _____
3. Caaltuun lafa _____
4. Isin lafa _____
5. Nuti lafa _____
6. Ati lafa _____
7. Ijoolleen lafa _____
8. Ani lafa _____

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 9. Himoota asii gadii keessatti jechoonni jala muraman matima, antima, yookaan gochima ta'uu isaanii adda baasi!

- a. Gammachuun mana guddaa ijaare. _ matima
- b. Leensaan ijoollee baay'ee horte. _ gochima
- c. Leensaan ijoollee baay'ee horte. _ antima
 1. Dhufeeraan konkolaataa bitate.
 2. Isaan ayyaanaaf hoolaa qalatan.

3. Bokkaa yandoon natti roobe.
4. Ijoolleen bishaan daakuu deeman.
5. Mucaan harma haadhaa hoodhe.
6. Jaarsi ijoollee eebbisan.
7. Waraabessi harree nyaate.

Yaadannoo

Matima: Matimni hima keessatti kan gocha raawwate yookaan kan waa'een isaa dubbatamu agarsiisa. Hima Afaan Oromoo keessatti matimni yeroo baay'ee jalqabarratti argama.

Antima: Antimni hima keessatti kan gochi irratti raawwatame yookaan raawwatameefiifi kanneen kana fakkaatan agarsiisa. Hima Afaan Oromoo keessatti yeroo hedduu gidduu himaatti argama.

Gochima: Gochimni hima keessatti gocha raawwatame kan agarsiisudha. Hima Afaan Oromoo keessatti yeroo baay'ee dhumarratti argama.

Barannoo 6: Afoola

Hibboo



Gilgaala 10

A. Hibboo Boontuufi Boonaan walgaafatan isinis lama lama ta'uun dabareen waliin hibbifadhaa!

Fakkeenya

Boontuu: Hibboo

Boonaa : Hibbakka

Boontuu: Wajjiin nyaanna maa huuqqatta?

Boonaa: Nan huuqadhee Boontuu?

Boontuu: Lakkii... lakkii akkas jechuu kootii miti. Deebii hibboo kanaa natti himi.

Boonaa: Tole ... tole amma naa gale. Mooqa.

Boontuu: Hinarganne. Biyya naa kenni.

Boonaa: Tole. Finfinnee siif kenne.

Boontuu: Finfinneerra taa’ee maalan dhaba. Daamaan hindannabsu ani si hinarrabsu; garuu, akkan hinarrabsineef “Dammaan siqabe” naan jechuu qabda.

Boonaa: Tole. Amma anatu sigaafata. Funyaan qabdii furrii hinhaqattu.

Boontuu: Nan qoradha; nan soqadha/barbaaddadha.

Boonaa: Qoradhu; soqadhu/barbaaddadhu.

Boontuu: Yoo muran dhiigaa, yoo dhahan fiigaa?

Boonaa: Hindhiigu, hinfiigu.

Boontuu: Shunburaadha.

Bonaa: Argattee jirta.

B. Hibboo asii olitti dhiyaate irratti hundaa’uun gaaffilee itti aanan deebisi!

1. Namnni hibboo gaafatu maal jedhee jalqaba? Inni jalaa qabu hoo maal jedha?
2. Namni deebii hibboo wallaale maal godha? Yookaan addabbiin isaa maal ta’a?
3. Namni hibboo gaafatamee deebii wallaale akka gaafataan hinarrabsineef maal jedha?
4. Gafatamaan deebii tilmaamuuf maal jedhee qorata?

C. Deebii hibboo asii gadii adeemsa tapha hibboo eeguudhaan lama lamaan walgaafachaa deebisi!

1. Ani ergaan deemaa ati eessa dhaqxaa?
2. Godoon gamaa balballi ishee lama.
3. Yoo ciisu akka reeffaa; yoo ka’u akka leencaa.
4. Haati nama ilaaltii; ilmoon nama nyaatti.
5. Uleen abbaan koo naa mure hindabu; hincabu.
6. Harkaan facasanii ijaan funaanan.
7. Fayyaan du’aa baata; du’an fayyaa baata.
8. Amma majii gessi; biyya waliin geessi.

BOQONNAA SADI GOOTUMMAA DUBARTOOTAA



Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1

A. Gaaffilee asii gadiirratti hiriya kee waliin mariyadhu!

1. Naannoo keetti dubartiin hojii ciccimaa hojjechuun beekamtu jirtii?
2. Yoo jirti tahe maalfaa hojjattee beekamti?
3. Atileetoota sadarkaa addunyaatti biyya keenya maqaa waamsisan beekta? eenyufa'i?

B. Hiika jechoota asiin gadii tilmaami!

- A) olompiikii B. atileetii C) injifannoo

Gilgaala 2: Dubbisa waa'ee Xurunash Dibaabaa siif dubbifamu dhaggeeffachaa iddoo duwwaa asii gadii guuti!

1. Xurunash Dibaabaa bara_____dhalatte.
2. Xurunash Dibaabaa magaalaa _____jedhamtutti dhalatte.
3. Xurunashiif namni fakkeenya taate_____.
4. Olompiikii lamarratti bara_____fi bara _____walitti aansuun moo'achuun ishee atileetii addunyaa cimtuu ishee taasisa.

Gilgaala 3**A. Gaaffilee asiin gadii irratti gareen mariyachuun deebisi!**

1. Akka atileet Xurunashiitti addunyaa irratti fiiganii moo'achuuf maal nama barbaachisa?
2. Atileetii ta'anii moo'achuun bu'aa maalii namaa argamsiisa jettee yaadda?
3. Hojii Atileet Xurunash Dibaabaa keessaa maalfaa dinqisiifatta?

B. Waliin dubbii asii gaditti kenname dubbisuun lama lama ta'uun gahee taphadhaa!

Daaraartu: Akkam jirta Xurunash? Eessa deemtaa?

Xurunash: Nagaan jira adaadaa koo. Ji'a dhufu dorgommii waanan qabuuf gara gaara Hinxooxxoo kana deemeen fiiga jedheeni.

Daraartuu: Gaariidha. Garuu, aduu kanaan baay'ee ulfaatam.
Jedhi jaabaadhu eegaa.

Xurunash: Tole adaado! Galgala walagarra.

Daraartuu: Otuun siwajjiin fiigee nan jaaladha; hojiin qabaafan malee.

Xurunash: Adaado, dorgommiitti deebi'uu barbaaddee?

Daraartuu: Lakkii akkan fiiguu jaaladhu beekta mitii?

Xurunash: Guyyaa Dilbataa waliin fiignaa qoophaa'i.

Daraartuu: Tole. Carraa gaarii; garuu, Dilbata beellaman qabaa yoo Wiixata ta'e hoo?

Xurunash: Wiixata boqonnaa kooti. Yoom wayyaa....?

Darartuu: Kamisa hoo?

Xurunash: Tole; Kamisa yaa ta'u.

C. Maqaa guyyoota irra darbamanii afaaniin himi!

Wiixata _____, _____ Kamisa, _____, Sanbata, _____.

D. Gaaffilee kanneen roga “A” jala jiran tajaajilli isaanii maaliif akka oolan kanneen roga “B” jala jiraniin firoomsi!

A

1. Eessa deemta?
2. Nama meeqatu dhufe?
3. Yoom dhuftaa?
4. Maaliif dhuftee?
5. Maal nyaachuu jaallatta?

B

- A. Yeroo gaafachuuf.
- B. Bakka gaafachuuf
- C. Baay’ina gaafachuuf
- D. Fedhii gaafachuuf.
- E. Sababa gaafachuuf

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4

A. Dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee gadii afaaniin deebisi!

1. Maqaa atileetota fakkii gadiirratti mul'atanii beektaa? Kan beektu himi!
2. Atileetonni fakkii irratti mul'atan kunniin fiigicha akkamiin beekamu?

B. Hiika jechoota gaditti dhiyaatanii tilmaami!

- a) gootummaa b) idil- addunyaa c) shaampiyoonaa



Gilgaala 5: Dubbisa dhiyaate dubbisaa gabatee asii gadii odeeffannoo sirrii ta'een guuti!

Maqaa Atileetii	Iddoo dorgommii	Bara	Fageenya dorgommii
Faaxumaa Roobaa	Atlaantaa		Maaratoonii
Daraartuu Tulluu		2000	Meetira 10,000
Almaaz Aayyanaa		2016	
Daraartuu Tulluu		1992	
Masarat Daffaar	Ateensii		Meetira 5,000
Xurunaash Dibaabaa		2008	
Masarat Daffaar	London		
Xurunaash Dibaabaa		2012	Meetira 10,000
Tikkii Galanaa			

Gootummaa Dubartootaa

Itoophiyaa keessaatti dubartoonni hojii gootummaa hojjatan **hedduudha**. Kanneen keessaa atileetonni isaan tokko. Atileetonni dorgommii idil-addunyaa irratti hirmaachuun qabxiilee boonsaa galmeessisuu aadaa godhatanii jiru jedhanii dubbachuun nidanda'ama. Dorgommii shaampiyoonaa addunyaa, qaxxaamura biyyaa, dorgommii dhuunfaafi kan biroo irratti qabxii olaanaa qabu. Kana malees, olompiikii irratti qabxiin isaan galmeessisan guddaadha.

Bara 1992 irraa kaasnee atileetoota Itiyoophiyaa warqee injifatan yoo ilaalle, gootummaan isaan agarsiisan olaanaa ta'uu hubachuun nama hinrakkisu. Fakkeenya gootummaa yeroo hundaa kan taate, Daraartuu Tulluu, bara 1992 injifannoo atileetiksii dubartootaa meetira 10,000n

Baarseeloonatti warqee moo'achuun **xurree** isa jalqabaa saaqxe.

Faaxumaa Roobaa itti aansuun, waggoota afur booda, fakkeenyummaa Daraartuu fudhachuun Atilaantaarratti bara 1996 warqee isa lammataa Maaratoonniin gara biyyaa fiduu dandeesse. Waggoota afur booda, Siidniitti bara 2000tti ammas Daraartuu Tulluu meetira 10,000 warqee lammataa dirree Olompiikii irratti moo'achuun gootummaa ishee irra deebiin mirkaneessite. Bara 2004 immoo, Ateensiitti Masarat Daffaar meetira 5,000niin warqee biroo injjifattee biyya ishee boonsite. Bara 2008 Beejiingi irratti goonni atleetiksii addunyaa aja'iba jechisiifte Xurunash Dibaabaa fageenya meetira 5,000 fi 10,000n warqee gara biyya isheetti fidde seenaa galmeessite.

Masarat Daffaar **xiiqqii** guddaan biyya isheef warqee lammataa bara 2012 London irratti meetira 5000niin moo'achuun gootummaa olaanaa galmeessite. **Baruma kana**, iddoo walfakkaatu irratti Xurunash Dibaabaa warqee sadaffaa fiigicha meetira 10,000niin Oloompikii irratti fiduu kan dandeesse atileetii cimtuu addunyaa ta'uu ishee agarisifte. Baruma 2012 London irratti, Tikkii Galaanaa gootummaa biroo agarsiisuun Maaratoonniin warqee injifachuun seenaa Faaxumaa Roobaa qooddachuu dandeesse. Riyo Diijeneerootti immoo, Almaaz Aayyanaa meetira 10,000niin bara 2016tti warqee mo'atte.

Walumaagalatti, atileetoonni dubaraa kunneen injifannoon dirree addunyaarratti galmeessisan keessaa kan asitti tuquuf yaalame muraasa qofaadha. Qabxiin dorgommii Olompiikii irrattii lammaffaafi sadaffaa ba'uun meedaaliyaa itti argatan osoo kaafnee barreessinee fixuun nama rakkisa.

Gilgaala 6

A. Dubbisa olii irratti hundaa’uun hiika jechoota gurracheffamanii filachuun deebisi!

1. Itoophiyaatti dubartoonni hojii gootummaa hojjetan **hedduudha**.
A. baay’ee B. danuu C. muraasa D. A fi B
2. Daraartuu Tulluu bara 1992 meetira 10,000n Baarseeloonatti warqee mo’achuun **xurree** isa jalqabaa saaqxee jirti.
A. daandii B. mooraa C. ija D. hunda
3. Masarat Daffaar **xiiqii** guddaan biyya isheef warqee lammataa bara 2012 London irratti argamsiifte.
A. jibba B. hamilee C. booree D. B fi C
4. Atileetonni dubaraa dirree addunyaarratti injifannoo galmeessan kanneen maqaan isaanii dhahame qofa.
A. Dhugaa B. Soba
5. Keeyyata sadaffaa keessatti, gaaleen ‘...**baruma sana...**’ jedhu bara kam jechuu isaati?
A. 2018 B. 2012 C. 2000

B. Dubbisa oliirratti hundaa’uun gaaffilee gadii afaaniin deebisi!

1. Atileetota dubbisa keessatti dhiyaatan keessaa kan warqee hedduu mo’atte eenyu?
2. Otoo Atileetii taatee fageenya kamirratti yoo dorgomte jaalatta? Maaliif?
3. Ergaan keeyyata dhumaa maali?

Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 7

A. Himoota gaditti walmakanii dhiyaatan tartiiba isaanii sirreessuun keeyyata ergaa guutuu qabu barreessi! Himni jalqabaa akka fakkeenyaatti kennamee jira.

- a) Namoonni sochii qaamaa walirraa hincinne hojjatan dhukkuboota akka dhiibbaa dhiigaa, sukkaaraafi asmii ofirraa ittisuu danda’u.
- b) Sochii qaamaa taasisuun faayidaalee hedduu qaba.
- c) Faayidaan sochii qaamaa irraa argamu inni biroon immoo, jabina qaamaati.
- d) Kanneen keessaa inni tokko dhukkuba ofirraa ittisuudha.
- e) Namoonni sochii qaamaa guyyaa guyyaan hojjatan maashaan qaama isaanii waan dabaluuf irree cimaa qabaatu.
- f) Kanaaf namoonni hundi yoo danda’an gareen yookaan dhuunfaan otoo walirraa hincitiin sochii qaamaa yoo hojjatan gaariidha.

Sochii qaamaa taasisuun faayidaalee hedduu qaba. _____

B. Hima ijoo gaditti kennaman fayyadamuun keeyyata ijaari!

Dur dur namoota baay'ee waljaalatan tokkotu ollaa walii jiraachaa turani.

_____.

Namoonni kunneen haala gammachiisaa ibsameen waliin jiraachaa turani.

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**Gilgaala 8****A. Jechoota roga 'A' jala jiraniif hiika isaanii roga 'B' jalaa jiraniin walitti firoomsi!****A**

1. fiiguu
2. ariitii
3. mo'uu
4. xumuruu
5. badhaasa

B

- a. injifachuu
- b. goolabuu
- c. kennaa
- d. saffisa
- e. kaachuu

B. Maqaa bineeldota asii gaditti kennamanii barreessi!



_____.



_____.



_____.



_____.



_____.



_____.

Barannoo 5: Caasluga**Gilgaala 9**

A. Jechoota asii gadii haala fakkeenya kennameen addaan qoqqooduun barreessii dubbisi!

Fakkeenya

a. Alidilee = al-idilee

b. Hingalu= hin-galu

1. nideemu = _____

2. walmaddii = _____

3. hinbaatu = _____

4. walcinaa = _____

5. nawaame = _____

6. hinbeeku = _____

7. nigala = _____

8. asgori = _____

B. Akkaataa fakkeenya kennameen jechoota gadii walitti makuun barreessii dubbisi!

Fakkeenya

a. barataa – oota = barattoota

b. sa'a – wwan = Saawwan

1. gaangee – olii = _____

2. hoolaa – ota = _____

3. laga – een = _____

4. farada – oo = _____

5. ilbiisa – ota = _____

6. sangaa – oota = _____

Barannoo 6: Afoola**Gilgaala 10: Fakkeenya kenname hordofuun hiikaa jechamoota gurracheffamanii barreessi!****Fakkeenya**

Mucaan kun **maqaa na nyaate** jedhe Obbo Caalaan.

Hiika = maqaa naballeesse yookaan naqaanesse jechuudha.

1. Namichi **gara jabeessi** sun mucaa isaa garmalee rukute.

Hiika: _____

2. Obbo Boonaan alatti akka **gurra guddatu** hinjiru; amala gaarii hinqabu.

Hiika: _____

3. Badhaatuun **gara laafettii** waan taateef, ijoollee maatiin irraa hinjirre gargaarti.

Hiika: _____

4. Obbo Gammadaan **gara balleessa** waan ta'eef namaan walloluusaa namni dhagahee hinbeeku.

Hiika: _____

5. Toleeraan hiriya isaa dubbii **harkatti qabee** aarse.

Hiika: _____

6. Namtichi **harka qalleessi** sun mana keenya dhufee nyaata kadhate.

Hiika: _____

7. Bulchaan **mataa natti baata**; maalin balleesse laata?

Hiika: _____

8. Mucaan hangafni yeroo baay'ee **ija laafessa** waan ta'eef, waan barbaadu hindubbatu.

Hiika: _____

BOQONNAA AFUR NAANNOO KOO



Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbisuu

Gilgaala 1: Gaaffilee asii gadii afaaniin deebisi!

1. Fakkiin olitti mul'atu maal argisiisa?
2. Ganama hirriibarraa akkuma kaateen maal maal hojjetta?
3. Hiika jechoota asii gadii tilmaami.
 - a) barii _____
 - b) barraaqa _____
 - c) ganama _____

Gilgaala 2: Barreeffama siif dubbifamu dhageeffachaa gaaffilee asii gadii deebisi!

- 1) Abdataan barataa kutaa _____ ti.
- 2) Maqaan mana barnootaa Abdataan itti baratu _____ jedhama.
- 3) Abdataan mana barnootaa ga'uuf daqiiqaa _____ itti fudhata.
- 4) Mana barnootaatii erga galee booda, daqiiqaa _____ boqota.

Gilgaala 3

A. Dubbisicha irratti hundaa'uun gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyadhaa!

1. Abdataan ganama hirriibarraa ka'ee maal maal hojjata?
2. Hawaasni mana barnootaa maaliif Abdataa jaalatan?
3. Barruu dhageeffaterraatti hunda'uun waa'ee Abdataa irra deebi'ii dareetti himi.

B. Muuxannoo jireenya keetii erga qindeeffattee booda barattoota daree keetitti afaaniin himi!

C. Waliin dubbii muuxannoo barattoota lamaa agarsiisu, kan gaditti dhiyaate, cimdiin irra deddeebiin dubbisaa gahee taphadhaa!

Jamaal: Akkam jirta? Jamaalin jedhama walhaabarru.

Obsituu: Nagaadha! Obsituun jedhama. Barataa kutaa kanaatii?

Jamaal: Eeyyee

Obsituu: Barataa haaraa natti fakkaatta; kanaan dura mana barnootaa kanatti si argee hinbeeku.

Jamaal: Sirriidha; mana barnootaa kan biroo irraan dhufe.

Obsituu: Eessaa dhufte?

Jamaal: Hanga kutaa jaha baadiyyattin barachaa ture.

Obsituu: Ani baadiyyaa dhaqee hinbeeku; garuu, baay'een jaaladha. Mee waan tokko tokko natti himuu dandeessa?

Jamaal: Tole. Baadiyyaan lafa dirree magariisa, mukkeen, laggeeniifi bineeldota hedduu qabduudha.

Obsituu: Baay'ee namatti tola; wanti biraa maalfaatu jira?

Jamaal: Dhadhaafi dammi, kuduraafi mudraaleen baay'inaan jiru.

Obsituu: Ibsaafi bishaan eessaa argattu?

Jamaal: Bishaan laga buunee burqaa waraabbanna. Ibsaa ammo, laambaa yookaan faanosii fayyadamna.

Obsituu: Baay'ee na hawwisiiste; dhaqee ilaaluun qaba. Galatoomi.

Jamaal: Galatoomi, nagaa ta'i.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4

A. Walaloo dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee asii gadii tilmaami!

1. Walaloo dubbistee beektaa?
2. Walaloon akkamitti dubbifama?

B. Hiika jechoota dhiyaatanii tilmaami!

- a) doofummaa b) samii c) daawwachuu

C. Walaloo gaditti dhiyaate sagalee olkaasuun dubbisi!

Baradhu barataa

Barnoonni ba'eessaa

Doofummaa balleessaa

Wallaalaa barsiisaa

Hiyyeessa sooromsaa

Kan cimee barate

Samii irra kaatee

Addunyaa daawwatee

Gilgaala 5

A. Walaloo olitti dubbiste irratti hundaa’uun hiika kallattii jechoota dhiyaatanii kenni!

Jecha**Hiika kallattii**

1. ba’eessa _____.

2. doofummaa _____.

3. hiyyeessa _____.

4. sooromsuu _____.

5. kaate _____.

6. samii _____.

B. Walaloo olitti dubbiste irratti hundaa’uun hiika faallaa jechoota dhiyaatanii barreessi!

Jecha**Hiika faallaa**

1. ba’eessa _____.

2. doofummaa _____.

3. hiyyeessa _____.

4. sooromsuu _____.

5. kaate _____.

6. samii _____.

Gilgaala 6

A. Jechoota gadii keessatti bakka sagalee jabaan itti mul'atu jala sararuun agarsiisi!

hare	harre	aannan	aanaa	sodaa
soddaa	gale	galle	bobaa	bobbaa
jala	jallaa	aadaa adda	gubbaa	gubaa

B. Himoota asii gadiif jecha qubee sirriin barreeffame ilachuun deebisi!

1. Abbaan koo.....hinqabu; halkan dukkana keessa deema.

A. soddaa

B. sodaa

2. kabajuu dhabuun ad-maleedha.

A. Soddaa

B. Sodaa

3. daa'immaniif baay'ee barbaachisaadha.

A. Aannan

B. Aanan

4. Kitaabni kee minjaala jira.

A. gubaa

B. gubbaa

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 7: Fakkeenya asii gaditti dhiyaate hordofuun oolmaa kee guyyaa kaleessaa keeyyata tokkoon barreessi!

Maqaan koo Caaltuu Waaqumaa jedhama. Ani barattuu kutaa torbaati. Dilbata kaleessaa dalagaa adda addaa raawwadheera. Isaan keessaa maatii gargaaruufi mana barumsaaf qophii taasisuun isaan ijoodha. Maatii koof bishaan waraabee jira. Ergaa biroos maatiif ergamee jira. Kana malees, uffata koo miiccadhee jira. Qaama koos dhiqqadhee jira. Akkasumas, rifeensa koo tolfadhee jira. Xumura irratti gara galgalaa yeroo muraasaaf hiriyoota koo waliin taphachuun oolmaa koo kan guyyaa kaleessaa xumuree jira.

Oolmaa koo guyyaa kaleessaa

Maqaan koo _____ jedhama. Kutaa _____

_____ baradha. _____

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**Gilgaala 8**

A. Jechoota waliin deeman kanneen roga “A” jala jiran roga “B” waliin walitti firoomsii!

A

1. ilkaan
2. afaan
3. qaama
4. qeensa
5. rifeensa
6. uffata

B

- a) lulluuqachuu
- b) rigachuu
- c) qorachuu
- d) dhiqachuu
- e) miiccachuu
- f) filachuu

B. Gaaffilee asii gadii akkaataa fakkeenya kennameen barreessuun deebisi!

Fakkeenya

- a. Lukkuun iyyite yookaan kaakkiste.
- b. Sareen dutte.

1. Waraabessi _____
2. Sangaan _____
3. Kormi _____
4. Hameessi _____

- 5. Fardi _____
- 6. Qamaleen _____
- 7. Weenniin _____
- 8. Simbirri _____

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 9

A. Jechoota gabatee keessatti walmakanii dhiyaatan maqaafi gochimatti adda baasi tarreessi!

Tolaa nyaata kennaa
ajjeese
mure mana Finfinnee
dinne
dhufan kenne nyaachuu
hiyyummaa

Maqaa	Gochima
Fkn. Finfinnee	mure
1. _____	1. _____
2. _____	2. _____
3. _____	3. _____
4. _____	4. _____
5. _____	5. _____

B. Maqaaleefi gochimoota gabatee gadii keessa jiran fayyadamuun hima ijaari!

Maqaa	Gochima
Tolaan	dhufan.
Feenet	kenne.
Tolaafi Feeneet	mure.
muka	murte.
Finfinnee	muran
kennaa	nyaate
nyaata	deeman
hiyyummaa	jibbite
	kennite
	jibban

Fakkeenya

- Tolaan muka mure.
- Feeneet hiyyummaa jibbite.
- Tolaafi Feeneet Finfinnee dhufan.

Yaadannoo

Maqaa: Kan namni, bakki, wantiifi kanneen kana fakkaatan ittiin waamamanidha. Fakkeenyaaf, Adam, Awaash, Baale, muka, Asoosaa, boronqiifi...

Gochima: Kan gocha yookaan raawwiin tokko dalagamuu yookaan raawwatamuu argisiisuudha. Fakkeenyaaf, barreesse, tolchite, danfisaniifi kkf.

Barannoo 6: Afoola

Gilgaala 10: Mammaaksota kanaan gadiif hiika kenni!

Fakkeenya

Abbaan damma nyaateef, ilma afaan hinmi'aawu.

Hiika: abbaafi ilma nama garagaraati.

1. Akka abaluuttiin sirbaan morma nama jallisa.

Hiika: _____

2. Ol kaayan malee ol ka'anii/kaatanii hinfudhatan.

Hiika: _____

3. Kan qocaaf taa'e, allaattiin hinfudhattu.

Hiika: _____

4. Mi'a walfakkaatu, walbiratti fannisu.

Hiika: _____

5. Kabajaafi barcuma abbaatu ofjalatti qaba.

Hiika: _____

BOQONNAA SHAN GADAA

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gaaffilee gaditti dhiyaatan afaaniin deebisi!

1. Naannoo keessanitti dubartoonni yeroo ayyaanaa maalfaa qabatanii bakka ayyaanaa dhaqu?
2. Dubartiin fakkiirratti mul'attu maal harkatti qabatte?



**Gilgaala 2: Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa deebii
gaaffilee gadii haala gaafatamteen deebisi!**

1. Sirni Gadaa maaliin mirga dubartootaa kabachiisa?
2. Siinqeen muka _____ irraa muramee tolfama.
3. Haati Siinqee ulfina, _____ fi angoo qabdi.
4. Gahee Haadha Siinqee keessaa lama barreessi.
 - a) _____
 - b) _____

**Gilgaala 3: Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa’uun yaadota gaditti
dhiyaatan ‘Dhugaa’ yookaan ‘Soba’ jedhi deebisi!**

1. Dubartiin hinheerumin Siinqee hinqabattu.
2. Sirni Gadaa walqixxummaa kornayaa nikabaja.
3. Dubartiin yeroo mara Siinqee qabattee deemti.
4. Dubartiin Siinqee qabattee deemtu Haadha Siinqee jedhamti.

**Gilgaala 4: Waliin dubbii gaditti dhiyaate dubbisaa. Itti aansuun,
akka Giiftiifi Caaltuu ta’uun gahee taphadhaa!**

Giiftii: Akkam bulte, Caaltuu?

Caaltuu: Nagaa bultee, Giiftii?

Giiftii: Ani akka kee barnoota kootti cimuun barbaada; na gargaaruu dandeessaa?

Caaltuu: Baay'ee natti tola; barnoota kam irratti deeggarsa barbaadda?

Giiftii: Afaan Oromoofi Herregarratti yoo ta'e natti tola.

Caaltuu: Tole, gaariidha; sagantaa baafannee itti deemna.

Giiftii: Yoom faa, yoo ta'e sitti tola?

Caaltuu: Guyyaa boqonnaa yoo ta'e, gaarii natti fakkaata.

Giiftii: Anis kanuman yaade.

Caaltuu: Tole, sa'aatii meeqatti haata'u?

Giiftii: Sambata Xinnaa sa'atii 4:00 – 5:00tti sitti tolaa?

Caaltuu: Eeyyee, natti tola.

Giiftii: Galatoomi; nagaan turi.

Caaltuu: Atis nagaan turi; guyyaa gaarii.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 5

A. Jechoota asiin gadii sagaleetti qoqqoodaman walitti makuun irra deddeebiin dubbisi!

Fakkeenya

a) bir – ma – dum – maa _ birmadummaa

b) ca – laq – qi – sii – suu _ calaqqisiisuu

1. mul -'i – suu _____.

2. dhu – dha - he _____.

3. dhi – dhees – sa _____.

4. cu – lu – lu – qaa _____.

5. dhi – dhim – se _____.

6. ga – raa – ga – rum – maa _____.

7. qul – qul – leef – fa – me _____.

8. dha _ dhaa _____.

B. Tapha gadii kana ariitiin irra deddeebiin cimdiin waliif dubbisaa!

Kanan jedhe

Hinjenne hinjedhu

Kanan hinjedhin

Jedhe hinjedhu

Kanan hinjedhin

Jette kan naan jedhu

Hinjenneen jedhaan

Mee jette naan haa jedhu

Barannoo 3: Barreessuu**Gilgaala 6**

A. Walqabsiiftota gabatee gadii keessaa kan sirrii ta'e filachuun keeyyaticha guutuu taasisi!

Fakkeenyaaf	fi	yookaan
ta'us	Akkasumas	

Sirni Gadaa hojimaata siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa _____ amantaa ummanni Oromoo raawwatu to'ata. Gadaa jechi jedhu hiika bal'aa kan qabu _____ gabaabumatti jechichi yeroo wahii agarsiisa. _____, Sirna Gadaa keessatti Abbaan Gadaa tokko waggaa saddeetiif bulcha. Waggoota kana bara Gadaa abaluu jennee waamuu dandeenya. _____, Sirni Gadaa gulantaa _____ sadarkaa shan qaba.

B. Jechoota geengoo keessa jiran kan birsaga tokko qabaniifi kan birsaga lama qaban adda baasii barreessi!

shan	torba	raaree	loon	nu
nama	deeme	kute	boru	isin

Jechoota birsaga tokkoo	Jechoota birsaga lamaa
Fkkeenya foon	Fkkeenya isin

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. Jechoota hiika walfakkaataa qaban walitti firooms!

A

- 1. haadha
- 2. hojii
- 3. tumuu
- 4. baraaruu
- 5. haleeluu

B

- a) baasuu
- b) rukutuu
- c) hambisuu
- d) harmee
- e) dalagaa

B. Jechoota hiika faallaa qaban walitti firoomsi!**A**

1. dugda
2. dheeraa
3. tolchuu
4. arjaa
5. diimaa
6. gamna

B

- a) gowwaa
- b) gabaabaa
- c) garaa
- d) balleessuu
- e) doqna
- f) gurraacha

Barannoo 5: Caasluga**Gilgaala 8****A. Fakkeenya kenname hordofuun kanneen gabatee keessatti kennaman keessaa filachuun jechoota gadiitti maxxansi!**

-oota -lee -een - oo -ota - wwan

Fakkeenya

- a) hoolaa _ hoolota
- b) nama _ namoota

1. laga _____.
2. saree _____.
3. jabbii _____.
4. farda _____.
5. sa'a _____.

B. Jechoota armaan gadii danoomsuun barreessi!

1. sangaa _____.
2. biyya _____.
3. barataa _____.
4. fakkii _____.
5. gamoo _____.

C. Jechoota armaan gadii akkaataa fakkeenya kennameen qoqqoodi!

Fakkeenya

- a. magaalota _ magaala - **ota**
- b. gaaffiiwwan _ gaaffii - **wwan**
- c. namoota _ nama - **oota**

1. kitaabilee
2. ardiiwwan
3. barsiisota
4. meeshaalee
5. firoota

Barannoo 6: Afoola

Gilgaala 9

A. Faaruu loonii gaditti dhiyaate dubbisi!

Loonii yaa loonishee

Loontu maal hintaane?

Gaafni waancaa ta'aa, kan ittiin dhuganii

Gogaan itillee ta'aa, kan itti muganii

Kotteen siinii ta'aa, kan bunaan dhuganii

Loontu aannan qabaa,

Aannantu dhadhaa qabaa

Nyaatan qabaneessoo,

Dibatan miidhagsoo

Loontu maal hintaane?

Afaaniin huuba guurii

Kotteen barakaa guurii

Qottee beela baafaa

Namaaf dabarsita.

B. Walaloo asiin oliirratti hundaa’uun gaaffilee kanaan gaditti dhiyaataniif deebii sirrii filadhu!

1. ‘Dibatan miidhagsoo’ kan jedhame maali?

A. foon

B. dhadhaa

C. gogaa

2. Hiikni jecha ‘*Kottee*’ jedhuu isa kami?

A. faana

B. gaafa

C. luka

3. Faayidaa loonii kan walaloo keessatti tuqaman kami?

A. Ittillee

B. Waancaa

C. Aannan

D. Hundi deebiidha.

C. Faayidaa loonii kan naannoo keetti beekamu namoota gaafachuun barreessii dareef gabaasi!

BOQONNAA JAHA DURDURII

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



**Gilgaala 1: Durdurii siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura
gaaffilee gadii deebisi!**

1. Fakkii olii irraa maal hubatte?
2. Naannoo keetti durdurii waa'ee Bulguu seenessu dhageessee beektaa? Waan dhageessee beektu hiriya keetti himi!

Gilgaala 2: Durdurii siif dubbifamu dhageeffachaa gaaffilee armaan gadii deebisi!

1. Bara durii _____ haati isaanii irraa duunaan abbaan isaanii niitii biroo fuudhee waliin jiraachaa turani.
2. Namtichi ijoollee isaa _____ keessa dhokse.
3. Naannoo ijoolleen kun jiraatan manni _____ itti dhiyoo ture.
4. Mucayyoon isheen guddoon obboleettii isheetiif maal jettee qajeelfama kennite?

Gilgaala 3: Gaaffilee asii gadii irratti gareen mariyadhaa!

1. Gorsa namatti himamu fudhachuu dhabuun mucayyoo ishee xiqqoo irraan miidhaa maalii geessise?
2. Durdurii kanarraa maal baratte?
3. Durdurii biroo kan beektu tokko hiriya keetti himi!

Gilgaala 4**A. Ajaja asii gadii lama lamaan waliif dubbisaa qajeelfamicha gochaan agarsiisaa!**

1. Ka'i!
2. Taa'i!
3. Deemi!
4. Harka kee isa mirgaa olkaasi!
5. Laaqana nyaadhu.
6. Barreessi!
7. Kolfi!
8. Harka dhiqadhu.
9. Dunuunfadhu.
10. Fuula guuri!

B. Waliin dubbii armaan gadii irratti barattuu Leensaafi Poolisii Tiraafikaa bakka bu'uun gahee taphadhaa!

Tiraafika: Barattuu, as koottu?

Leensaa: Tole, maaliin balleesse?

Tiraafika: Lakkii homaa hinballeessine; hinsodaatin. Maaliif daandii walakkaa adeemta?

Leensaa: Daandii koo malee deemaan ture moo?

Tiraafika: Daandii walakkaa deemuun balaa konkolaataaf nama saaxila.

Leensaa: Baay'een dogongoree, dhiifama. Eessa irraan deemama ree?

Tiraafika: Yeroo mara daandiirra yoo deemu daandii qarqara bitaa kee qabatte deemu qabda.

Leensaa: Tole. Har'aa kaase kana nan raawwadha.

Tiraafika: Galatoomi.

Leensaa: Kan biroo immoo, akkamittan daandii qaxxaamuruu qabaa?

Tiraafika: Yeroo daandii qaxxaamurtu bitaafi mirga ilaaltee bakka sarara zeebraa irraan qaxxaamuruu qabda.

Leensaa: Gorsa naaf laattaniif ulfaadhaa.

Tiraafika: Homaa miti: kun hojii keenya; nagaan gali.

C. Waliin dubbii kan biroo bakka argama waan tokkoo walgaafachuuf yookaan odeeffannoo waliif kennuuf taasifamu irratti qopheessuun daree keessatti gahee taphadhaa!

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 5: Fakkii gadii irratti hundaa’uun gaaffilee itti aanan deebisi!



1. Fakkii kana irraa waan hubatte hiriyoota keetti himi!
2. Dubartiin daa'imman gidduu teessu maal gochaa jirti sitti fakkaata?
3. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami!
 - a) bona
 - b) ganna

Gilgaala 6: Seenaa gaditti dhiyaate dubbisaa iddoo duwwaa armaan gadii guuti!

1. Tolaafi Abdiin mana barnootaa _____ jedhamutti waliin baratu.
2. Maqaan barsiiftuu Tolaafi Abdii _____ jedhamti.
3. Ji'oonni aduu _____ jedhamanii waamamu.
4. Ganni yeroo _____ baayyatuudha.

Tolaafi Abdii

Tolaafi Abdiin mana barnootaa Urjii jedhamu keessatti baratu. Gaaf tokko **dirree** ganda isaaniirra taa'anii osoo taphachaa jiranii qilleensi qabbana'aa waan ta'eef, baay'ee isaaniitti qorre. “**Bokkaan** roobuuf natti fakkaata; qorruu jalqabe” jedhe Abdiin. Tolaan immoo, “Amma waan dhiyeef sitti qorre,” jedheen. Kanumaan Abdiin, “Garuu bokkaan kan garmalee baay'atu yoomi?” jedhee Tolaa gaafate. **Boru** ganama barsiistuu keenya, Boontuu, gaafanna waliin jedhanii gara mana mana isaaniitti deeman.

Borumtaa isaa ganama akkuma mana barnootaa gahaniin, barsiistuu isaanii Boontuu arganii gaafatan. **Isheenis** gaaffii isaaniif deebii kennite. Ji'oonni aduu Bona jedhamee waamama. Ji'oonni roobaa immoo, Ganna jedhamuun waamama. Ganni baay'ee qorra; bonni immoo, baay'ee **ho'a**, jechuun itti himte. Isaanis, deebii argatanitti gammadanii barsiistuu isaanii galateeffachuun gara dareetti **galan**.

Gilgaala 7**A. Gaaffilee gadiif deebii sirrii filadhu.**

- Ganna jennee bona yoo jenne, ho'a jennee _____ jenna.
A. aduu B. gaaddisa C. qorra D. hunda
- Jechi '**Isheenis**' jedhu (keeyyata 2^{ffaa}, sarara 2^{ffaa} irratti argamu) maal bakka bu'a?
A. Boontuu B. Barsiiftuu C. Tolaafi Abdii D. A fi B
- Hiikni jecha '**bokkaa**' jedhuu kami?
A. rooba B. Ganna C. galaana D. bishaan
- Aduu jennee Bona yoo jenne, bokkaa jennee _____ jenna.
A. rooba B. ganna C. qorra D. ho'a
- ...**dirree** (keeyyata 1^{ffaa}, sarara 2^{ffaa}) hiikni isaa
A. ganda B. iddoo diriiraa C. iddoo jireenyaa
-**boru** (keeyyata 1^{ffaa}, sarara 7^{ffaa}) hiikni isaa
A. guyyaa dhufu B. kaleessa C. guyyaa darbe D. bara darbe
- **galan** (keeyyata 2^{ffaa}, sarara xumuraa) hiikni isaa
A. seenan B. lixan C. deebi'an D. hunda

B. Gaaffilee kanaan gadii irratti gareen mari'achuun deebisaa!

- Tolaafi Abdiin waa'ee maalii irratti waliin haasa'a turan?
- Tolaafi Abdiin barsiistuu Boontuu maal gaafatan?
- Barsiistuu Boontuun gaaffii Tolaafi Abdiitiif deebii maalii kenniteef?

Gilgaala 8

A. Jechoota gadii birsagatti qoqqoodii irra deddeebiin dubbisi!

Fakkeenya

a. sagaltama - sa / gal / ta / ma

b. bari'e - ba / ri / 'e

c. machaa'e - ma / chaa / 'e

1. deddeebi'e _____

2. qajeelfama _____

3. ogeessota _____

4. malaammaltummaa _____

B. Jechoota birsagatti qoqqoodaman walitti makii barreessuun dubbisi!

Fakkeenya

so / so / cho / 'e - sosocho'e

1. han-da-raa-fa _____

2. da-dha-bi-na _____

3. sa-far-tuu _____

4. Sab-lam-miiw-wan _____

Barannoo 3: Barreessuu**Xalayaa Dhuunfaa Barreessuu**

Ebla 8, 2015

Guutuu Elemoo

Magaalaa Adaamaa

Ganda Gooroo

Boonaa Badhaasoo

Magaalaa Minisootaa

Ameerikaa,

Hiriyaa kiyya jaalatamaa Boonaa, Akkam jirta fayyaa keeti? Ani yaada kee malee Rabbiif galanni haaga'uu nagaadha. Erga ati maatii kee waliin biyya gadhiiftee Ameerikatti galtee manni barumsaafi gandii keenya anaafi hiriyyoota kee kan daree waliin barannutti niqabbanaawe. Yeroo mana barumsaa deemnuufi yeroo taphannu waa'ee kee lafa keenyee hinbeeknu.

Akkami biyyi faranjii sisimatee? Akka barnoota jalqabde eessuma keerraa odeeffadheera. Baay'ee namatti tola. Amala keetiin hiriyaa gaarii akka horattu abdiin qaba. Waa'ee Ameerikaafi waa'ee mana barumsa keetii sirraa dhaga'uuf ariifadheera. Xalaayaa naaf deebisturratti bal'inaan akka na taphachiiftu abdiin qaba. Hangasitti nagaan jiraadhu. Maatii keetti nagaa naaf himi.


Hiriyaa kee**Guutuu Elemoo**

Gilgaala 9: Uunka siif kenname fakkeenya godhachuun hiriya keef xalaayaa barreessi!

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa


Gilgaala 10

A. Jechoota caatoon walitti hidhamaniif hiika kenni!



Jechoota	Hiika
1. Ajaja kennuu	Ajaja dabarsuu
2. Ajaja diduu	_____
3. Ajaja jibbuu	_____
4. Ajaja hordofuu	_____
5. Ajaja fudhachuu	_____

B. Jechoota jecha caattoo walakkaa jiru waliin deeman catoo duwwaa keessatti guuti!



Jechoota	
1. Bishaan	dhuguu
2. Bishaan	_____
3. Bishaan	_____
4. Bishaan	_____
5. Bishaan	_____
6. Bishaan	_____

C. Jechoota waliin deeman barreessi. Jecha tokkoofi isaa olii waajjin hariiroo qabaachuu danda’u!

	barreessuu
nyaata	nyaachuu
	hojjachuu
	lakkaa’uu
lakkoofsa	dalaguu
	shallaguu
	tolchuu
hojii	bilcheessuu
	raawwachuu

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 11: Gaaleewwan maqaafi gaalee gochimaa walmakanii dhiyaatanii jiran adda baasii gabatee keessatti barreessi!

- muka jiidhaa

sangaa gurraacha

suuta deema

sulula diimaa

ariitiin dhufe
- nyaata qopheesse

saawwan Dammituu

quba nyaate

fooricaa dhuge

quba alangaa

Gaalee Maqaa	Gaalee gochimaa
Fkn. Muka jiidhaa _____	Suuta deema _____
_____	_____
_____	_____
_____	_____
_____	_____
_____	_____

Barannoo 6: Ogbarruu

Asoosama Gabaabaa

Hiree Obsee

Obseen intala bareedduudha. Adaadaa ishee waliin jiraatti. Adaadaan ishee intala umriin ishee Obseen qixa ta'e qabdi. Yeroo hunda obseen huccuu moofaa waan uffattuuf carraa isheetti gadditi. Guyyaa tokko ilmi mootii biyyattii nyaata qopheessuun xiqqaafi guddaa osoo hinfooyn ummata naannootti argaman hunda waame. Isheenis, carraa kana waan argatteef, uffata haaraan akka bitamuuf adaadaa ishee gaaffatte. Haata'u malee, adaadaan ishee intala ishee qofatti bittee ishee didde. Obseenis, baay'ee waan itti dhagahameef niboosse.

Borumtaa isaa Obseefi intalli adaadaa ishee babbareedanii gara galma affeerraa ilma mootichaa deeman. Erga nyaatanii dhuganii booda, tasa yoo ala ilaalan guyyaan dukkanaawuu hubatan. Kanaan booda, naasuu irraa kan ka'e, Obseen kophee miila ishee achumatti gattee muddamaan mana gahan. Obseen mana geessee xinnoo erga turtee booda, kophee ishee galma ilma mootichaatti gatuu ishee yaadatte.

Guyyaa itti aanu, kophee ishee fudhachuuf qofaa dhaquu waan sodaatteef, intala adaadaa ishee waliin deeman. Akkuma achii gahaniin, ilma mootichaa arganii gaafatan. Innis, “kopheen nijira. Garuu, ani hanga ammaa waanan hinfuuneef, isin keessaa nama kopheen itti ta'u nan fuudha,” jedhe. Yeroo kana intalli adaadaa Obsee daftee dursitee kophee miilatti yeroo godhachuuf yaaltu, kopheen miila isheetti ta'uu dide. Isheen yaaltee waan dadhabdeef, Obseen yaallaan si'uma tokkoon miila isheetti ta'e. Haala kanaan, ilmi mootichaafi Obseen walfuudhanii umrii guutuu nagaan wajjin jiraatan.

Gilgaala 12

A. Asoosama gabaabaa olitti dhiyaate irratti hundaa’uun gaaffilee gadii deebisi!

1. Obseen eenyu wajjin jiraachaa turte?
2. Obseen maaliif boosse sitti fakkaata?
3. Namoonni seenaa olii keessatti maqaan isaanii tuqame eenyu fa’i?
4. Obseefi mucayyoon adaadaa ishee kophee eessatti dhiisanii turan?
5. Obseefi mucayyoon adaadaa ishee kophee yoom dhiisanii turan?
6. Ergaan ijoon asoosama kanaa maali?
7. Seenicha keessaa maaltu sitti tole?

B. Gaaffilee armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebisi!

1. Caaccullee asoosamaa jechuun maal jechuudha?
2. Caacculleen asoosama asii olii keessatti argaman maal fa’i?

Yaadannoo

Caacculee Asoosamaa

Asoosamni miseensota waliin ta'uudhaan danaa akka qabaatu taasisan caacculee asoosamaa jedhaman qaba. Caacculeen asoosamaa kunneenis jaargocha, namfakkii, waldiddaa, yoomessa, ergaafi kanneen kana fakkaatan. Caacculeen asoosamaa akka cancalaa walitti hidhamiinsa cimaa qabu.

Seenaa: Asoosamni tokko seenaa irratti waan hundeeffamuuf hunda dura seenaa nutti hima. Seenaan ta'iinsota tartiiba duraa-duubaatiin dhiyeessa.

Jaargocha: Jaargochi gochaalee walduraa duuba seenaa hima. Kana jechuu,n jaargochi ijaarsa gochaalee kan sababaafi bu'aa qabate jechuudha.

Namfakkii: Caacculee asoosamaa keessaa namfakkiin isa tokkodha. Namfakkiin namoota yookaan wantoota seeneffama tokko keessatti qooda fudhatanidha. Namfakkiin kan barreessaan asoosama barreessu keessatti amala namootaafi gocha wantoota addunyaa dhugaa keessa jiranii bakka naaf bu'u jedhee uumudha.

Yoomessa: Yoomessi jechoota “yoom” fi “eessa” jedhaman irraa dhufe. Bakkaafi yeroo asoosama keessatti taateen itti raawwatame mul'isa. Bakki samiifi dachee kana gidduu kan jiru mara agarsiisa. Yeroon ammoo, baroota fagoo hanga ammaatti ykn ammaa hanga baroota fagoottillee, darbees kan gara fuulduraa ta'uu danda'a.

Waldiddaa: Caacculee asoosamaakeessa tokkokanta'ewaldiddaan walitti bu'iinsa namfakkiilee gidduutti uumamudha. Waldiddaan namfakkiileen fedhii garagaraa yookaan fedhii walfakkaataa qabaachuu irraa madduu danda'a. Kanaafuu, waldiddaan utubaa seeneffama tokkooti jechuun nidanda'ama.


Dhaamsa: Dhaamsi handhuura asoosamaati. Dhaamsi kan barreessaan muuxannoo isaa irratti hundaa'ee dhimma hawaasaa irratti ilaalchaafi dhaamsa qabu agarsiisudha.

BOQONNA TORBA FALMII

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Fakkii asii gadii ilaaluun gaaffileef deebii kenni!

1. Namoonni fakkiirratti mul'atan kun maal gochaa kan jiran sitti fakkaata?
2. Falmiin maali?



Gilgaala 2: Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee asii gadii deebisi!

1. Falmiin eenyufaa gidduutti adeemsifame?
2. Barattoonni falmii waliin geggeessan kun kutaa _____ baratu.
3. Barattoonni lamaanuu yaada falmii _____ fi _____ irratti falmii geggeessaniiru.
4. Ibsituun miidhaa miidiyaan hawaasaa qabu deeggaruun falmii geggeessite.
A. Dhugaa B. Soba
5. Dhumarratti, nama injifate dareetti kan beeksise eenyudha?

Gilgaala 3

A. Dubbisa dhaggeeffattan irratti hundaa’uun gaaffilee asii gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa!

1. Ibsituun faayidaa miidiyaa hawaasaa ragaalee maal fa’iin deeggartee ibsitee?
2. Adam miidhaa miidiyaan hawaasaa qabu ragaalee kamiin deeggaruun ibse?
3. Ati osoo Abbaa seeraa taatee Ibsituufi Adam keessaa eenyuuf qabxii olaanaa kennita? Maaliif?

B. Adeemsa falmii eeguun faayidaafi miidhaa miidiyaa hawaasaa irratti garee namoota sadi qabuun ijaaramuun falmii geggeessa!

Yadachiisa

- a) Yaada deeggartu irratti qabxiilee ijoo qabadhu!
- b) Nama wajjin falmitu osoo hintaane yaada isaa kan falmitu ta'uu beekuu qabda!
- c) Dabaree eeguun naamusaan dubbachuu qabda!
- d) Yeroo siif kenname kabajuu qabda!
- e) Yeroo siif kenname keessatti yaada kee ibsitee xumuruu qabda!
- f) Murtii abbaan seeraa siif kenne fudhachuu qabda!
- g) Dhumarratti, nama waliin falmii geggeessaa turte sanaan walii galtee irraa gahuun xumuruun sirraa eegama.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 5: Gaaffilee asii gadii akkaataa gaafatamteen deebisi!

1. Hiriyoota kee keessaa kan yeroo baay'ee barfatee mana barnootaa dhufu jiraa?
2. Maaliif barfatee dhufa sitti fakkaata?
3. Jechoota asii gadii hiika isaanii tilmaami!
 - a) amala _____
 - b) bifa _____
 - c) hojjaa _____

Gilgaala 6: Gaaffilee asii gadiif dubbisa dhiyaate dubbisaa deebii kenni!

1. Intalti durbaa Obbo Shallamaafi Aadde Leensee _____ jedhamti.
2. Ilmaan Obbo Shallamaafi Aadde Leensee _____, _____ fi _____ jedhamu.
3. Ilmaan isaanii keessaa quxisuun _____.

Dubbisa

Obbo Shallamaafi Aadde Leenseen durba tokkoofi dhiira lama godhatan. Isheen **hangafni** durbaa yoo taatu, Soorettii jedhamti. Warri dhiiraa ammoo, Suutumaafi Baacaa jedhamu. Jarri sadanuu haala, amalaafi bifaan garagara.

Soorettiin magaala **qalloo** luuccaan duugdarra ciisu, bareedduu ija **goobanaati**. Yoo dubbattu, sagaleen ishee kilooleen nama hawwata. Baay’ee hinhaasoftu; garuu, yoo dubbatte dubbiin ishee lafa hinbu’u. Dhugaa malee **dhara** dubbachuu hinfeetu. Soorettiin uffata aadaan faayamtee, gumee harkatti naqattee, callee mormatti dirattee, qarmaa addarra baaftuu yoo deemtu na ilaalaa; na ilaalaa waan jettu fakkaatti. Soorettiin barumsaaniis cimtuudha. Kanaaniis, jaalalaafi kabajaa gonfatteetti.

Suutumaaan Soorettiitti aanee dhalate. Warra isaaf daa’ima lammaffaadha. Hojjaan isaa gabaabaa furdaa yoo ta’u, bifaan akkuma Soorettii magaala. Akkuma maqaasaa Suutumaaan si’aayinaafi ariitiin waa hinraawwatu; **dhibaa’aadha**. Dhibaa’ummaan waan **isa** dhunfateef yoo ergatan ergaa saffisaan hinqaqqabsiisu; mana barnootaa **barfatee** dhaqa. Amala isaa kanarraa akka deebi’uuf, yeroo adda addaatti gorfamullee, fooyya’uu hindandeenye.

Baacaan faallaa jara lamaaniiti. Ilma **quxusuu** waan ta’eef, maatiin baay’ee **isa** qananeessu. Wanti inni barbaade battalummati godhamaaf, Yoo balleessaa raawwatees maatiin **harka irra qabu**. Haalli kun jal’ina amala isaatiif gumaachuu hinoolle. Mana barnoota yoo fedhe nidhaqa; yoo hinfeene ammoo, nihafa. Kanaaniis mana barnootaatti yeroo hedduu maatii geesseera. Amala gadhee kanarraa kan ka’e namoonni ‘**akka feetee**’ jedhani isa waamu. Aadde Leenseen yeroo mara “Yaa Waaqayyoo ijoolleen koo warri dhiiraa maali osoo Soorettii kootti naaf bahani,” jedhanii **gumgumu**.

Gilgaala 7: Dubbisa oliirratti hundaa’uun gaaffilee asii gadiif deebii sirrii filachun deebisi!

1. Obbo Shallamaafi Aadde Leenseen amala joollee isaanii sadanuu nijaalatu.
A. dhugaa B. soba
2. Baacaan eenyutti aanee dhalate?
A. Soorettii B. Suutumaa C. Baacaa
3. ‘Soorettiin bareedduu **ija goobanaati**’, hima jedhu keessatti hiikni gaalee gurraacha’ee.
A. bareedduu C. diimataa
B. fokkistuu D. A fi C
4. Dhibaa’ummaan eenyurratti calaqqisa?
A. Suutumaa C. Sooretti
B. Baacaa D. Hunda
5. Keeyyata 3^{ffaa} sarara 4^{ffaa} irratti jechi ‘**isa**’ jedhu maal bakka bu’a?
A. Baacaa
B. Suutumaa
C. Obboo Shallamaa

Gilgaala 8**A. Jechoota asii gadii hiika isaan dubbisa keessatti qabaniin walitti firoomsi!****A**

1. hangafa
2. qalloo
3. dhara
4. dhibaa'aa
5. barfate
6. quxisuu
7. akka-feetee
8. gumgumu

B

- A. sagalee dhageessisuu
- B. kan ofiin bulu
- C. nama dhumarra dhalate
- D. yeroo dabarse
- E. harkifataa
- F. soba
- G. nama jalqaba dhalate
- H. furdina kan hinqabne

B. Hiika jechoonniifi gaaleewwan asii gadii dubbisa olii keessatti qaban barreessi!**Fakkeenya**

dubbiin ishee lafa hinbu'u ___ yaada fudhatama qabu dubbatti

- a) fardaa lafa (Keey.1, sarara 4)

_____.

- b) harka irra qaba (Keey.4, sarara 3)

_____.

c) dhibaa'aa (Keey. 3, sarara 4)

_____.

d) yeroo hedduu (Keey.4, sarara 6)

_____.

Barannoo 3: Barreessuu

Gilgaala 9: Keeyyata jalqabame yaada sirrii ta'een xumuri!

Miidiyaan hawaasaa qaama jiruufi jireenya guyya guyyaa erga ta'e bubbuleera. Miidiyaan hawaasaa tooftaa qunnamtii hawaasni qaama adda addaan walarguufi odeeffannoo ittiin waljijjiiruudha. Feesbuuk, tiwitar, waatisap, instaagiraamiifi tiktook miidiyaa hawaasaa hangafoota namoonni bal'inaan dhimma itti bahani. Miidiyaan hawaasaa faayidaa hedduu qabu.

_____.

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**Gilgaala 10**

A. Maxxantuu duraa saanduqa keessatti kennaman keessaa filuun jechootatti maxxansuun jecha barreessi!

hin- wal- cac- miti- bab-

Fakkeenya

al-, idilee = al-idilee

1. cabe _____
2. bade _____
3. faana _____
4. dhufne _____
5. mootummaa _____

B. Akkaataa fakkeenya kennameen maxxantuu boodaa roga “B” jala jiran gara jechoota roga “A” jiraniitti firoomsi!

Fakkeenya laga = lag-een

A

B

1. gaangee

A. -yyii

2. bineensa

B. -ota

3. birkii

C. -lee

4. ogeessa

E. -olii

5. sa’a

F. -wwan

C. Jechoota hammattuu keessa jiran keessaa kan sirrii ta'e filachuun iddoo duwwaa irratti guuti!

Falmiin _____ (toofftaa/tooftaalee) afaan ittiin barsiifamu keessaa isa tokkoodha. Innis, garee lama giddutti adeemsifama. Gareewwan miseensa tokkoofi isaa ol qabaachuu _____ (mala/ malu). Miseensonni garee tokkoo yaada falmiif dhiyaate yoo deeggaran, miseensonni garee kaanii ammoo, _____ (yaada/yaadicha) mormuun falmii taasisu. Kana malees, _____ (falmiin/falmii/ falmuu) geggeessaafi hirmaattota barbaada. Gaggeessaan _____ (namoota /nama/ namni) garee lamaan gidduu taa'ee dabareen carraa dubbachuu kennuufi yeroo falmii to'atu. _____ (Hirmaattonni/ Hirmaattota) ammoo, namoota falmii garee lamaan giddutti adeemsifamu hordofanidha.

Gilgaala 11: Fakkeenya kenname hordofuun dogoggora himoota armaan gadii sirreessuun barreessi!

Fakkeenya

a) Galgaloon gabaa ooltee gale.

Sirrii: Galgaloon gabaa **oollee** gale.

b) Waaqumaafi Ujuluun ibsa kenne.

Sirrii: Waaqumaafi Ujuluun ibsa **kennan**.

1. Barattoonni amma falmii geggeessaa jira.

Sirrii: _____.

2. Caalaan barattuudha.

Sirrii: _____.

3. Mahaammad barataa cimtuudha.

Sirrii: _____.

4. Namoota hundatu dhufte.

Sirrii: _____.

5. Caalaa, Gammachuufi Boonsaan mana barnootaa dhaqe.

Sirrii: _____.

6. Barattoonni amma falmii geggeessaa jira.

Sirrii: _____.

7. Caalaan barattuudha.

Sirrii: _____.

8. Mahaammad barataa cimtuudha.

Sirrii: _____.

9. Namoota hundatu dhufte.

Sirrii: _____.

10. Caalaa, Gammachuufi Boonsaan mana barnootaa dhaqe.

Sirrii: _____.

BOQONNAA SADDEET MOBAAYILA

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gaaffilee asii gadii afaaniin deebisi!

1. Mobaayila fayyadamuun miidhaa moo faayidaa qaba?
2. Namoonni hundi mobaayila haala walfakkatuun itti fayyadamu jettee yaaddaa?

Gilgaala 2: Barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa himoota gadii yaadni isaanii sirrii yoo ta'e mallattoo “√” yoo sirrii hintaane immoo, ‘X’ barreessuun deebisi!

Lak	Himoota Dhiyaatan	√ yookaan X kaa'i
1	Gammachuun haadhaafi abbaa jalaa maallaqa hatee mobaayila bitate.	
2	Gammachuun odeeffannoo sobaa akka dhugaa ta'etti fudhata.	
3	Gammachuun mobaayila isaa fayyadamee qormaata hatuuf yaalee beeka.	
4	Gammachuun kutaa ciisichaa isaa keessatti mobaayila isaa sa'atii dheeraaf tuttuquu jaallata.	

Gilgaala 3

A. Gaaffilee asii gadii afaaniin deebisi!

1. Gammachuun mobaayila isaa akkamitti sirriitti fayyadamuu danda'a jettee yaadda?
2. Ati osoo mobaayila qabaattee akkamitti itti fayyadamta?

B. Waliin dubbii asii gaditti dhiyaate hiriya kee waliin dubbisaa gahee taphadhu!

Firaa'ol: Helloo, **eessumoo** nagaan ooltee?

Baay'isaa: Nagaa koon oole. Ati hoo nagaadhaa? Haati kee nagaan isheetii?

Firaa'ol: Nagaa keenya; **durbiin** koo hundi nagaan isaanitii?

Baay'isaa: Hunduu nagaadha. **Akaakayyuu** kee ilaaltee beekta?

Firaa'ol: Anillee deeme hinbeeku; garuu, akkoon tiyya dhuftee Turte; nagaadha jette.

Baay'isaa: **Obboleettiin** kee hoo akkam jirti?

Firaa'ol: Nagaa isheeti. Walhinargine moo? **Addooyyee** ishee waliin gara keessan dhufanii turaniim har'a.

Baay'isaa: Ani amma mana hinjiru; **wasiila** kee waliin imaltuu deemne jirra.

C. Jechoota roga ‘A’ jala jiran hiika isaanii roga ‘B’ jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. Eessuma
2. Durbii
3. Akkoo
4. Akaakayyuu
5. Wasiila
6. Addooyyee

B

- A. Hiriya durbaa
- B. Obboleessa haadhaa
- C. Obboleessa abbaa
- D. Haadha abbaa yookaan haadha ofii
- E. Abbaa abbaa yookaan abbaa haadhaa
- F. Ijoollee adaadaa yookaan eessuma ofii


Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4: Gaaffilee asii gadii afaaniin deebisi!

1. Mobayilli daldaltootaaf maal godhaaf jettee yaadda?
2. Mobaayilaan jireenyi namootaa gaarii akka ta’uuf gaheen inni taphatu jiraa?

Gilgaala 5: Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa barreessuun deebisi!

1. Obbo Toleeraan mobaayila isaa maaliif baay’ee jaalata?
2. Obbo Toleeraan mobaayila isaa faayyadamuun iddoo garagaraatti kan bilbilu maaliifi?
3. Hojiin Obbo Tooleraa maali?



Obbo Toleeraafi Mobaayila Isaa

Obbo Toleeraan sangoota daldalee jiraata. Sangoota iddoo tokkoo bitaanii iddoo birootti gurguruun jireenya isaa gaggeeffata. **Inni** mobaayila isaa baay’ee jaallata. “**Ishiitu** jireenya koo baay’ee naaf salphise” jedha.

Namootatti bilbiluun gatiin sangaa iddoo adda addaatti yoo dabale yookaan yoo hir’ate nigaafata. Odeeffannoo argatu irratti hunda’uun bittaafi gurgurtaa raawwata. Kana malees, maallaqa ida’uufi hir’isuu, akkasumaas baay’isuufi hiruudhaaf mobaayila isaatti fayyadama.

Gama birootiin, bilbila mobaayila **isaa** fayyadamuun maallaqa namoota sangaa irraa bituuf herrega baankii isaaniitti dabarsaaf. Haaluma walfakkaatuun, namoota sangoota itti gurguran irraa maallaqa isaa herrega baankii isaatti darbuufi dhiisuu isaa mirkaneeffata. Karaa birootiin, gatii ibsaafi kaffaltii mana barnootaa ijoollee isaa karaa mobaayila isaa raawwata. Irra caalaa immoo, mucaa isaa barnoota olaanaaf gara iddoo biroo deemte dubbisuufi yommuu maallaqni ishii barbaachise immoo erguuf mobayilli isaa baay’ee isa gargaarte.

Gilgaala 6

A. Dubbisa olitti dhiyaate irra deebiin dubbisuun gaaffilee asii gadiif qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi!

1. Jechi ...**Inni**... jedhu (keeyyata 1) irra jiru maal bakka bu'a?

A. Sangoota B. Obbo Toleeraa C. Mobaayila

2. Jechi**ishiitu**... jedhu (keeyyata 1) irra jiru maal bakka bu'a

A. Sangoota B. Jireenya C. Mobaayila

3. Jechi**isaa**... jedhu (keeyyata 2) irra jiru maal bakka bu'a?

A. Sangoota B. Obbo Toleeraa C. Mobaayila

4. Jechi **Ishii** jedhu (keyyata 2) irra jiru maal bakka bu'a?

A. Intala Obbo Toleeraa

B. Kafaltii ibsaa

C. Kafaltii mana barumsaa

B. Jechoota roga “A” jala jiran hiikaa faallaa isaanii roga “B”jala jiraniin walitti firoomsi!

A

1. Gurguruun

2. Salphise

3. Hir'ate

4. Walfakkaatuun

5. Deemte

B

A. ulfeesse

B. deebite

C. walfaallessuun

D. dabale

E. bituun

Barannoo 3: Barreessuu**Gilgaala 7****A. Himoota asii gaditti walmakanii dhiyaatan qindeessuun keeyyata ergaa guutu qabu barreessi!**

1. Yunivarsitii Finfinnee irraa eebbifameen dhaabbata biyya alaa tokkotti qaxaramuuf karaa mobaayila kootii galmaa'e.
2. Hagayya 25 akkan qormaata afaaniif dhiyaadhu natti himame; anis hiriyaan koo iddoo isaa akka natti agarsiisu bilbileen gaafadhe.
3. “Tole, Boolee yommuu geessu naaf bilbili” naan jedhe.
4. Waanan guyyaa gaafa Hagayya 25 bara 1995 ta'e yoom iyyuu hindagadhu.
5. Guyyaa jedhame sana ganama irriba irraa ka'een, rooba waan tureef, hamma caamuttin eege.
6. Yommuun achi gahee harka koo kiisha kaa'u, mobaayilli koo hinjiru.
7. Yommuu roobni xiqqoo qaqallatu, fiigee manaa baheen gara Booleetti qajeele.
8. Bilbila koo manatti dhiisu yommuun baru, naheen akka mukaatti goge hafe.
9. Filannoo biroo waanan dhabeef gaggaafachaa yommuun achi gahu hojjattoonni dhabbatichaa laaqanaaf bahaa turan.
10. Anis of abaaraa gara mana kootti gale.

Fakkeenya

Waanan gaafa Hagayya 25 bara 1995 ta’e yoomiyyuu hindagadhu.

A. Mudannoo kee keessaa kan yaadattu keeyyata himoota 5 hanga7 qabuun barreessi!

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**Gilgaala 8: Gaaffilee asii gadii qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi!**

1. **Dugda** jennee **garaa** yoo jenne, **dheeraa** jennee _____ jenna.
 A. gabaabaa B. furdaa C. qallaa
2. **Jarjare** jennee **ariifate** yoo jenne, **nyaate** jennee _____ jenna.
 A. gabbate B. huuqate C. soorate
3. **Kenne** jennee **fudhate** yoo jenne, **gaafate** jennee _____ jenna.
 A. dheekkame B. deebise C. bade
4. **Sagantaa** jennee **qophii** yoo jenne; **gabbataa** jennee _____ jenna.
 A. qallataa B. furdaa C. huuqataa
5. **Jaallate** jennee **mararfate** yoo jennee, **dhuge** jennee _____ jenna.
 A. dhudha'e B. alanfate C. nyaate

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 9

A. Himoota asii gadii keessaa hima salphaafi hima dachaa adda baasii barreessi!

Fakkeenya

- a. Tolaan gabaa dhaqee qophee bitate. = **hima dachaa**
- b. Caaltuun ijoollee hedduu qabdi = **hima salphaa**
- 1. Gammachuun mana barumsaa deemee deebi'e.
- 2. Boontuun bulchiinsa magaalaa keessaa hojjatti.
- 3. Biliseefi Lattuun konkolaataa bitanii gurgurani.
- 4. Caaltuun mana lamaafi konkolaataa hedduu qabdi.

B. Himoota roga “B” jala jiran gara roga “A”jalaatti firoomsi.

A

- 1) Ani qonnaan bulaadha.
- 2) Bofa rukutee ajjeese.
- 3) Isheen nama hundaan walii galti.
- 4) Bokkaan roobee lafti jiidhe.

B

- A. Hima salphaa
- B. Hima dachaa

Yaadannoo

Hima salphaa: Himni salphaan yaada tokko yookaan gochima tokko qofa ofkeessaa qaba.

Hima dachaa: Himni dachaan ergaa yookaan gochimoota lama ofkeessaa qaba. Ciroo of danda'oo lamarraa ijaarama jechuudha.

Fakkeenyaaf, himni **Tolaan gabaa dhaqee uffata bite.** jedhu, yaada yookaan gochima lama ofkeessa qaba.

i. Tolaan gabaa dhaqe.

ii. Tolaan uffata bite.

Kanaafuu, himni lamaan gochimoota adda addaa waan qabaniif hima dachaa ta'u jechuudha.

Barannoo 6: Ogwalaloo

Gilgaala 10

A. Walaloo asii gadii yeroo isiniif dubbifamu dhaggeffachuun irra deebi'uun walaleessaa!

Barumsa

Wallaalli duukkanaa

Keessaa ifa baanaa

Utubaa guddinaa

Kan fuuldurrii banaa

Jabaannee haa barannuu

Biyyaaf ibsaa haa taanu.

II. Sin jaaladha hiriya koo

Utuu na hindhagayin

Firri koo halaalaa

Bakka rakkoo kootti

Situ natti aanaa

Aantiifi obbolaa koo

Dursa natti siqxa

Caba koo dhidhiibdee

Dhiiga narraa dhiqxa

Kaasuu keetti fuutee

Qabdee ol na kaasta

Dugda keetti baattee

Bowwaadhaa na baafta

**A. Jechoota walaloo keessaa bahaniif hiika galumsa isaanii
filannoowwan dhiyaatan keessaa filachuun deebisi!**

1. utubaa

A. deeggaraa B. diigaa C. dallaa

2. aantii

A. halagaa B. fira C. diina

3. bowwaa

A. boolla B. gaara C. magaalaa

4. caba

A. miidhama A. gammachuu C. sirba

5. Dhidhiibdee

A. kufistee B. sokkumtee C. caccabsitee

Walaloo asii olitti dhiyaate fakkeenya taasifachuun walalao jaalala hiriya
ibsu tokko barreessuun dareetti dhiyeessi!

JECHIBSOO

Afoola: Akaakuu ogbarruu haasaa afaaniitiin dhalootarraa dhalootatti darba.

Barannoo: Birkii barnootaa qabiyyee murtaawaa barsiisuuf qophaa’u

Barruu: Barreeffama seenaa yookiin yaada murtaawaa tokko ibsuuf qophaa’u

Caasluga: Caasaafi luga kan jedhurraa ijaarame. Barnoota caasaa lugaa / afaanii irratti xiyyeeffata.

Dubbisa: Barreeffama dhaggeeffatamuuf yookaan dubbifamuuf qophaa’u

Fayyadama Jechootaa: Akkaataa jechi haasaa yookaan barreeffama keessatti tajaajilu

Keeyyata: Barreeffama yaada ijoo tokko qofa ibsu

Maxxantuu: Caaasaa afaanii hiika dabalataa kennuuf yookaan hiika jechaa jijjiiruuf jalqaba, walakkaa yookaan xumura jechaatti maxxanu

Sheekkoo: Akaakuu afoolaa keessaa tokko ta’ee yeroo baay’ee durdurii bineeldota irratti xiyyeeffatudha.

Waliin-dubbii: Haasaa nama lama yookaan namoota lamaa ol gidduutti geggeeffamu

Walqabsiiftuu : Jecha yaada himootaa walqabsiisuuf tajaajilu

Yoomessa: Jechoota ‘yoom’ fi ‘eessa’ jedhurraa ijaarame. Bakkaafi yeroo gochi tokko itti raawwatame agarsiisa.

AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI
KITAABA BARATTOOTAA
KUTAA 7^{FFAA}



Kitaaba Barattootaa Kutaa 7^{FFAA}